Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yesuusiif Yeroo Rakkisaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus

Kan dagaagsame: M. Maillot; Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2017 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yeroo Yesuus cuuphame, Waaqayyo ni dubbate. Inni akkana jedhe, "Kun Ilma koo Isa jaallatamaadha. Ani Isatti nan gammada."

HAFUURRI QULQULLUUN Waaqayyoo bifa gugeedhaan Yesuus irra buufate.

Battalumatti, Hafuurri
Qulqulluun Waaqayyoo
Yesuusiin gara lafa
onaattti geggeesse.

Yesuus guyyoota afurtama some. Sana jechuun Inni nyaata kamuu hin nyaanne.
Baay'ee beela'e.

Macaafni Qulqulluun akka jedhutti bineensonni bakkees achi turan.

Seexanni Yesuusiin qoruuf dhufe.

Yeroo dheeraa dura, jennata Eden keessatti akka isaan abboommii Waaqayyoo cabsan Addaamii fi Hewaaniin gowwoomsee ture.

Seexanni Ilma
Waaqayoo,
Yesuusiin illee
qoruu yaaleera.


“Ilma Waaqayyoo yoo taate,” jedhe seexanni, “dhagaa kana buddeenatti jijjiiri.” Inni akka Yesuus beela’ee ture beeke.

Ilmi Waaqayyoo dhagaa buddeenatti jijjiiruu akka danda'us ni beeka. Yesuus seexanichaaf ni abboomamaa laata?

Miti! Yesuus seexanichaaf hin abboomamne. Qooda sanaa, Dubbii Waaqayyoo keessaa deebii kenne.



“Namni buddeena duwwaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba’uun malee.”

Isa booda seexanni Yesuusiin gara magaalaa Yeruusaalem guddichaatti geesse, ...

... Mana Qulqullummaa isa namoonni keessatti Waaqayyoon waaqessan irra Isa dhaabe.


"Ilma Waaqayyoo yoo taate, as irraa gad of darbadhu" jedhe seexanichi.
"Sagaleen Isaa Inni ergamoora Isaa siif ni ergaa jedha."

Yesuus, “Hin ta’u!” jedhee deebiseef.

“Waaqayyoon Goofticha garmalee hin qoriin... kan jedhus immoo barreeffamee jira.”



Seexanni irra deebi'ee yaale. Inni Yesuusiin magaalaa keessaa baasee gaara guddaa tokko irra dhaabachiise.

Ulfina mootummoota biyya lafaa irraa hundumaa Yesuusitti argisiisee, seexanni akkana Isaan jedhe, ...

... "Jilbeeffattee yoo anaaf sagadde, yoo ana waaqessites, kana hundumaa siif nan kenna."

Yesuus, “Ija koo duraa deemi, seexana nana!” jedhee abboome.

“Waaqayyo GOOFTICHAAF qofa sagadi, Isa duwwaafis hojjedhu … jedhamee barreeffamee jira.”

Seexanni yeroof
Yesuusiin
dhiisee
deeme.
Isa booda
wanta
baay'ee
gaarii
tokkotu
ta'e.

Waaqayyo Ilma Isaa Yesuus—Isa seexanaaf hin abboomamiiniif akka ergamaniif ergamoota Isaa Isaaf erge.

Yesuusiif Yeroo Rakkisaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatewos 4, Luqaas 4

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante,
Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya koottii koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16